Informasjon til deg som har tatt koronatest
Språk: Oromo
Opprettet: 11.2020 Oppdatert: 28.03.2021

NIPH
Norwegian Institute of Public Health

Qorannoo vaayirasii koroonaa (qorannoo COVID-19) yeroo taasistetti

Erga qorannoo COVID-19 taasistee booda bu'aa isaa argachuudhaaf guyyoota muraasa fudhachuu mala. Yeroo bu'aa qorannoo kee eeggattutti sii dhukkuba yookan tajaajila fayyaa si barbaachisa taanan haakima kee qunnami.

Namni vaayirasii koroonaa qabaachuun isaa shakkami hanga danda'ameen daddafee qoratamuu qaba. Mallattooleen baayyee beekamoon, hoo'a qaamaa, qufaa, bowwoo, goga kokkee, harganuu dadhabuu yookan immoo miira dhandhamaa yookan fuunfannaa dhabuudha. Namootni tokko tokko mallatto cimaa qabaachuu malu namootni tokko tokko immoo faalamuu isaaniituu hin beekan.

Kophatti of baasuu irra jirta taanan qoratmuu qabda, Smittestoppapp dhaan adda baafamte yoo ta'e, yoo faalamaaf saaxilamtee jirta ta'e.

Yeroo bu'aa kee eeggattutti maal gochuutu sirra jira?

Namootni qorannoo taasisan irra caalaan mana turuu qabu, yookan yoo kophaatti of baasuu keessaa jiraatan, yeroo bu'aa qorannoo isaanii eeggatanitti. Garama mana barnootaa deemuu hin qabdu, geejjiba hawaasaa qabachuu hin qabdu yookan bakka hawaasaa qabachuu hin qabdu. Nama kam irraayyuu qaaman fagaachuu qabda, ga'eessotaa fi daa'imman wajjiin jiraattu dabalatee. Daa'imman akkuma baratametti eeggumsi taasifamuufii qaba.

- **Qoarannoo kan taasiste sababa mallattoo vaayirasii koroonaa qabduufi yoo ta'e,** hanga bu'aa keetiif eeggattutti mana turuu fi namoota irraa fagaachuu qabda.
- **Sababni qorannoo taasisteef sababa nama faalama qabutti dhiyaatteef fi Smittestopp app beeksifamteefi yoo ta'e**, hanga bu'aa kee eeggattutti mana turuutu sirra jiraata.
- **Tursiisa dirqamaa keessa jirta yoo ta'e**, yeroo tursiisa kee jalqabduu fi yeroo tursiisne kee xumuramu lamaanuu qorannoo taasisuu qabda. Tursiisni dirqama waan ta'eef, yoo itti hin bulin adabbiin seeraa jiraachuu mala. Hnaga ati bu'a qorannoo akka hin qabne mul'isu argattutti kanneen si wajjiin jiraatan tursiisa keessa turuu qabu. Yeroo kana keessatti dirqama iddoo tursiisaa keessa turuu qabda. Erga namicha faalame wajjiin wal qunnamtee guyyaa 7 booda deebitee qorannoo taasisuu qabda. Yoo qorannoon kee guyyaa 7 boodaa kan negatiivii ta'u ta'e, bakka tursiisaatii ba'uu dandeessa. Yoo hin qoratamne ta'e, kophaatti of baasuun erga namicha faalame wajjiin wal qunnamtee booda guyyaa 10f tura. Yoo mallattoo qabda ta'e, deebitee qoratamuu qabda.
- Sababa Noorway seenteef **kophatti of baasicha seenseaa** irra jirta yoo ta'e, guyyaa gahuumsaa fi guyyaa 7 guutuu booda qoratamuu qabda. Qorannoon dirqama waan ta'eef, yoo itti hin bulin adabbiin seeraa jiraachuu mala. Yoo qorannoon kee guyyaa 7 boodaa kan negatiivii ta'u ta'e, bakka tursiisaatii ba'uu dandeessa. Namoota biroo wajjiin kan jiraattu fi qaamaan adda fagaachuu hin dandeessuu taanan, hanga ati tursiisa keessa turtutti mana keessa turuu qabu. Mallattoo qabaatta taanan, deebistee qoratamuu qabda.
- **Tursiisa dirqamaa keessa kan jirtu fi mallattoo sababa ofirratti argiteef qorannoo taasiste yoo ta'e,** seera kophaatti of baasuu hordofuu qabda COVID-19 qabaachuun kee ni shakkama waan ta'eef. Seerotni kophaatti of baasuu seerota of daangeessuu irra cimu. Hanga ati bu'aa

qorannoo keetii isa jalqabaa argattutti namootni si wajjiin jiraatan dirqama kophaatti of baasuu qabu. Namootni ati wajjiin jiraattuus tarii qoratamuu qabu ta'a.

- **Qorannoo kan taasiste mallattoo vaayirasii koroonaa qabaattee utuu hin taane yookan yookan saaxila baatee utuu hin taane**, hanga bu'aa qorannoo kee argattuuf jettee mana turuun sirra hin jiraatu. Kuni kan ta'u, fakkeenyaaf, fakkeenyaaf qorannoo kan taasiste qaama qo'annoo keessatti hirmaatteeti, dhaabbatoota ilaaluuf, yookan sababa imalaatif qorannoo taasiste yoo ta'e dha.

Bu'aa kee akkamiin argatta.

Guyyoota 1-2 booda, bu'aa qorannoo vaayirasii koroonaa keetii Helsenorge.no (https://www.helsenorge.no/en/test-results/) irratti argachuu ni dandeessa. Yeroo takka takka caaluus danda'a.

Namni waraqaa eenyummeessaa noorweejiyaanii yookan Lalakkoofsa D qabu kamiiyyuu kan lakkoofsa bilbilaa galmaa'e yookan bakka teessootti eemeela isaa kan ("Kontaktinformasjon") tti helsenorge.no qabu bu'aa isaa karaa ergaa gabaabaa yookan iimeelaa ni ergamaaf. Lakkoofsa eenyummeessaa noorweejiyaanii yookan lakkoofsa- D hin qabdu taanan,bu'aa kee argachuudhaaf jiddugala qorannoo qorannicha itti taasiste, yookan sarara gargaartuu koroonaa magaalaa keetii qunnamuu qabda.

Yoo vaayirasii koroonaa kan qabaattu ta'e, bu'aan kee pozatiivii yookan mirkanaa'eera ("positivt/påvist") kan jedhu mul'isa. Yoo vaayirasii koroonaa kan hin qabaanneta'e, bu'aan kee negatiivii yookan kan hin mirkanoofne ("negativt/ikke påvist") kan jedhu mul'isa.

Qorannoon kee vaayirasii koroonaa qabaachuu kee (bu'aa qorannoo pozatiivii) mul'isa taanan

Qorannoon kee COVID-19 (vaayirasii koroonaa) qabaachuu kee mul'isa taanan, dirqama kophatti of baasuu qabda. Hordoftootni magaalaa keetii siif bilbilu.

Faffaca'iinsa weeraraa hir'isuuf hordoffii gochuun barbaachisaadha. Namoonni sitti dhiyaatan hunduu (namni ati wajjiin jiraattu kamiiyyuu yookan namni ati itti dhiyaatte kamiiyyuu) hundumtuu kophatti of baasuu qabu. Isaan hunduu qoratamuu qabu.

Magaalaan dirqama iccitii eeguu qaba. Wal hubachuun keessan baayyee barbaachisaadha, kanaafuu waa'ee waan ta'uu hundaa gaafachuu qabda. Afaanicha hubachuuf sitti ulfaata taanan nama afaan siif hiikuf gaafachuu danda'a. Nama afaan hiiku argachuun bilisaani.

Yroo kophaatti of baastuutti namoota biroo irraa fagaattee jiraachuu hin dandeechu taanaan bulchiinsi magaalaa bakka biraa kan turtu haala siif mijeessuu irratti si gargaaruu danda'a.

Informasjon til deg som har tatt koronatest
Språk: Oromo
Opprettet: 11.2020 Oppdatert: 28.03.2021

NIPH
Norwegian Institute of Public Health

Gorsaa fi seerota qophaatti of baasuu

- Gorsaa fi seerota qophaatti of baasuu ilaallatan: https://www.fhi.no/en/op/novel-coronavirus-facts-advice/facts-and-general-advice/social-distance-quarantine-and-isolation/
- Gorsaa fi seerotni of kopheessuu akkasumas afaanota biroo dabalataa hudduutti hiikamanii jiru https://www.fhi.no/en/op/novel-coronavirus-facts-advice/information-material/informasjon-different-languages/
- Akka seera ammaa kanatti, seerota kophaatti of baasuu cabsuun akka yakkaatti ilaalamuu danda'a.